NEW ZEALAND RED CROSS
RĪPEKA WHERO AOTEAROA

SIRNA TIRAAFIKII COOVIID 19:MAGARIISA- KEELLOO- DIIMAA

"Waraqaa Ragaa Talaallii(Kittibaatii) Sirna Kana Taliguuf Yookis To'achuuf Sigargaara

1. Bakkeewwan baayyeen utuu ati manneetii isaanii Kan akka mana bunaa, bakka jiimnaastiki, bakka ispoortii, akkasumas, bakka gumii yookiin yaa'ii hawaasaa fi, kana kan fakkaatan seenuu kee durasa "Waraqaa Ragaa Talaallii" keetii arguu fedhu.
2. Sadarkaa hundumaatti jechuu, sadarkaa Magarsiisa, Keelloo fi Diimaatti, bakki nagadaa yookis daldalaa fi bakki walga'ii hawwaasaa, namoota talaallii(kittibaata) fudhatan hundaaf banaa ta'a. Kan jechuuan Talaallii fudhatteetta taanaan jireenya kee akkuuma duraa walabbummaan geegeeffachuu dandeessa jechuu dha.
3. Raggaa Talaallii keetii telephoona kee irraatti akka waraabbatu kan si 'agarsiisu barreeffama bakka birraatti argata.
4. Yookaan immoo toora(linkii) isatti sigeessu kana hordofi https://covid19.govt.nz/covid-19-vaccines/getting-proof-of-your-vaccination/
   Namoota umuriin isaanii wagaa 12 hanga 15, akkasumas namoota mobayila hin qabneef, Waraqaa Ragaa Talaallii, toora interneetii(websaayitii) qondaala fayyaa irraa aragaachuun ni danda'ama. https://www.health.govt.nz/our-work/diseases-and-conditions/covid-19-novel-coronavirus/covid-19-vaccines/covid-19-requesting-proof-vaccination.
5. Qajeelchi kanaa bareeffa addaa irraa ni argata.
6. 'Waraqaa Ragaa Talaallii' keetii argachuu irratti dabalatee, "fakkii QR" yookaan 'QR scanii', bakka dhaqxe hundatti waraabuun fi olkaawaachuun sirraa eegama.

Magariisa- kana jechuunNiw Ziilandii kessa dhukkubni koovid baayyee yarradha jechuudha
Kana jechuun hawaasa keessa haalli/dhukubi coovid 19 jiraaa jechuudha. Namoonni yeroo gara yerootti baaroo-gamaa gara biyya kanaa ni dhufuu jechuudha. Dalaga/hojirr garaa garaa hawaasa kessatti dalaguuf, Waraqaa Ragaa Talaallii keetii agarsiisuu qabda.
sadarkaa magarsuu kessaatti nageenyaan/dararama malee attamittiin akka jiraatan
Bakka dhaqxe hundaaa kan agarsiisuu waraabbii "QR code scanning" qabaa dhu. Yemmuu ala baatu fi baka daldalaa deemtu fuulla kee haguuggeen/maskiin aguugi Xiyyaara irratti fuulla kee haguuggeen aguugi
Yeroo Magariisaatti bakka akkamii dhaquu yookaan do'achuu dandeessa
Bakka hawaasi itti dhimma ba'u- kan akka bakka daakaa, maneetii kitaabaa(libirarii), bakka qiripphaa/ isportii Bakka daldalaa yookaas- qeenxubaa/ bitaa fi qurgurtaa. Bakka dalagaa- gara dalagaa dhaquuf akkasumas bakka dalagaa do'achuu Bakka barnootaa- banoota daa'immootaa, mana barumsaa sadarkaa tokkoo fi lammafaa, Universitii, poolyteknicksii, bakka barnoota Afaan Englifaa(ESOL) Taatee yookis mudata hawaasaa- agarsiisa sirbaa, agarsiisa ispoortii, ayyaanota garaa garaa yookas jila, agarsiisa karaa irraa fi kan kana fakkaatan. Qoqqobbiin yookiis daangeffamuun aanaa yookiis naannoo hin jiru- kanaafuu Niw Ziilaandii kessa bakka feete dhaquu ni dandeessa.
Yeroo Magarsuu Tti 'Waraqaa Ragaa Talaallii' Keetii Bakka Baa'eetti Dhimma Baasa

Bakka Waraqaa Ragaa Talaallii dhimma itti baatu- Waraqaa Ragaa Talaallii yoo qabaatte bakka hundumaatti mirgaa keessumaa'uu guutuu qabaatta. Fakkeenyaafi (bakka bunaa fi mana nyaataa), bakka gumii yookis walitti qabamaa (awwaalaa, cidha, tangihaangaa, bakka waaqeffannaa, maraayi), agarsiisa gurguddaa(kan mana keessaa fi alaa), daldala walitti dhiyeenyaan taasifamu (kan akka rifeensa sirreeffachuu) fi, jimnaaastikii
Kana jechuun bakka kanaa olitti caqafaman dhaquu fi keessatti hirmaachuuf Waraqaa Ragaa Talaallii(kittibaatii) agarsiisuu qabda.
Bakkeetii Waraqaa Ragaa Talaallii(kittibaatii) hin barbaachifne: Bakkeetiin ragaan talaallii ittin hin barbaachifne bakkeetii kan akka walgeetiin daldallaa, dhabbeewwanii (jarmiyaanii)fi tajaajilli garaa garaa daangeffama jala jiranii dha.: qoqqobbiin kunis, namoonni 100 tokko meetira 1 wal irraa fagaatee akka taa'u gaafatama.
Kana jechuun bakka akkanaa keessatti hirmaachuu fi dhaquuf, Waraqaa Ragaa Talaallii keetii agarsiisuun hin barbachisu jechuudha.

Keelloo- lakoobsi coovid 19 dabaluusaa agarsiisa

Halli kun kunuunsa fayyaa irratti dhiibaa uumma
Sababa umuriitii fi akkasumas dhibee fayyaa garaa garaa irraa kan ka'e, haala kana keessaatti balaan "namoota ballaf saaxilaman" irra ga'a
Kanaafuu yeroo akkasii kanatti dhimaa garaa garaa raawwachuuf 'Waraqaa Ragaa Talaallii' si baarbaachisa

Haala Keelloo keessaati fayyuma kee akaataa itti eegattu
Bakka dhaqxe hundaaa kan agarsiisuu waraabbii "QR code scanning" qabaa dhu. Yemmuu ala baatu fi baka daldalaa deemtu fuulla kee haguuggeen(maskiin) aguugi. Xiyyaara keessati, geejjaba kolbaa(public transport) keessatti, bakka yaa'iitti, fuulla kee haguuggeen haguugi-walumatti qabaa bakka hundatti fuulla kee haguuguun barbaachisaa dha
Haala Keelloo keessaatti bakka akkamii dhaquu yookaan do'achuu dandeessa
Bakka hawaasi itti dhimma ba'u- kan akka bakka daakaa, maneetii kitaabaa(libirarii), bakka qiripphaa(isportii),wali irraa fageenya meetira 1 irrati hundeefame banamaa ta'a Bakka daldalaa yookaas qeenxubaa(bitaa fi qurgurtaa)- walirraa fageenya meetira 1 irrati hundeefame banamaa ta'a Bakka dalagaa- gara dalagaa dhaquu- bakki dalaga keetii banaa ta'a Bakka barnootaa- barnoota daa'immootaa, mana barumsaa, Universitii, bakka barnoota afaan Englifaa(ESOL), madaallii fayyuummaa hawaasaa irratti hundeefamee banamaa ta'a Taatee yookis mudatti hawaasaa- agarsiisa sirbaa, agarsiisa ispoortii, ayyaanota garaagaraa yookas jila, agarsiisa karaa irraa, lakkoobsa daawaattootaa fi walirraa fagaachuu ilaalchisee qajeelcha kennamu irraatti hundaa'ee ni geggeefama Qoqqobbiin yookiis daangeffamuun Aanaa yookiis naannoo hin jiru- kanaafuu New Ziilaandii kessa bakka feete dhaquu dandeessa.
Waraqaa Ragaa Talaallii haala Keelloo kessaatti baka baayyeetti barbaachisa
Bakka Waraqaa Ragaa Talaallii(kittibaatii) dhimma itti baatu- Waraqaa Ragaa Talaallii(kittibaatii) yoo qabaatte bakka hundumaatti mirga keessumaa'uu qabda(fakkeenyaaf bakka bunaa fi mana nyaataa), bakka gumii yookis walitti qabamaa (awwaalaa, cidha, tangihaangaa, bakka waaqeffannaa, maraaye), agarsiisa gurguddaa(kan mana/ keessaa kan alaa), daldala walitti dhiyeenyaan taasifamu (kan akka rifeensa sirreeffachuu) fi jimnaaastikii

Kana jechuun bakka kanaa olit caqafaman dhaquu fi keessatti hirmaachuuf Waraqaa Ragaa Talaallii(kittibaatii) agarsiisuu qabda.
. Bakka Waraqaa Ragaa Talaallii(kittibaatii) hin barbaachifne: Daangaa/ dhorkaa- keessumumaa/ hospitalitii- tajaajira walitti siqamsa hin qabne; walirraa fageenay meetira 1 irraatti hundeefamee walitti qabamuun hanga nama 50tti eyyamama. Bakkeewwan cufaman yookiss hin banamne: Mudata yookiis taatee(mana keessatti geegeefamu yookis alati), daldala wal quunamtii fulla fuulaa(fakkeenyaafi kan akka rifeensa sirreefachuu), fi jimnaastikii.
Kana jechuun bakkeetii Kanaan olitti caqafaman lamaan kessaatti Waraqaa Ragaa Talaallii(kittibaatii) agarsiisuu hin qabdu.

Diimaa- yeroo itti namoota fi kunuunsa fayyaa ittisuuf tarkaanfiin fudhatamu

Halli kana keessati baayinna dhibamtootaa irraa kan ka'e kunuunsa fayyaa irratti dhiibaa fida
Sababa umurii fi dhibee fayyaa irraa kan ka'e, haala kana keessaatti balaan "namoota ballaf saaxila ba'anii" irra ga'a
Haala kana keessatti wanta garaa garaa raawwachuuf Waraqaa Ragaa Talaallii agarsiisun dirqama

Haala Diimaa kana keessaati fayyaa kee attamit akka eeggatu
Bakka dhaqxe hundaaa kan agarsiisuu waraabbii "QR code scanning" qabaa dhu. Yemmuu ala baatu fi baka daldalaa deemtu Fuulla kee haguuggeen/maskiin aguugi Xiyyaara irratti Fuulla kee haguuggeen aguugi-walumatti qabaa bakka hundatti fuulla kee haguuguun barbaachisaa dha
Halla Diimaa keessatti essa akka dhaquu dandeessu
• Bakka hawaasi itti dhimma ba'u- kan akka bakka daakaa, maneetii kitaabaa/libirarii, bakka qiripphaa/ isportii hangaa nama 100ti walirraa fageenya meetira 1 irrati hundeefame banamaa ta'a • Bakka daldalaa yookaas qeenxubaa/ bitaa fi qurgurtaa- walirraa fageenya meetira 1 irrati hundeefame banamaa ta'a • Bakka dalagaa/ hojii- mana taa'anii hojjechuun/ dalaguun haala kana keessaati filatamaa dha • Bakka barnootaa- banoota daa'immootaa, mana barumsaa, Universitii, bakka barnoota afaan Englifaa(ESOL) madaallii fayyuummaa hawaasaa kan akka harka ofii sanita'isarii gochuu, fullatti haguugachuu fi wal irraa fageenya meetira 1 irratti hundeefamee banamaa ta'a • Taatee yookis mudati hawaasaa- lakkoobsa murtaawaan eyyamama • Murtiin qoqqobbii yookiis daangeffamuun aanaa yookiis naannoo fudhatamuu mala
Ragaan Talaallii(kittibaatii) haala 'Diimaa'keessaatti bakka baayyeetti dhimma baasa

Bakka Ragaan Talaallii dimma itti ba'uun daangaa qabaatu Bakka nama 100 qofaaf baname- bakka tajaajiltii (fakkeenyaaf bakka bunaa fi mana nyaataa), bakka gumii yookis walitti qabamaa (awwaalaa, cidha, tangihaangaa, bakka waaqeffannaa, maraaye), agarsiisa gurguddaa(kan mana/ keessaa kan alaa), daldala walitti dhiyeenyaan taasifamu (kan akka rifeensa sirreeffachuu) fi jimnaaastikii Bakka madaallii fayyuumma hawaasaa irratti hundaa'ee banamu: bakka daldala qaamaan wal bira ga'amee daldalamu, fakkkeeyaaf kan akka bakka rifeensa sirreeffachuu. Baka barnootni kutaa keessaatti kennamu kan akka barnoota sadarkaa sadaffaa, Talaallii(kittibaatiin) fi meetra 1 wal irraa fagaachuun barbaachisaadha.
Kana jechuun haala Diimaa keessattti bakkeewwan kaana olit caqagaman do'achuuf akkasumas garee fudhachuuf raga Talaallii agarsiisuun dirqama.
Bakka Ragaan Talaallii itti hin barbaachifne Daangaa/ dhorkaa- keessumumaa (hospitalitii)- tajaajira walitti qaamman siqamsa hin qabne; walirraa fageenay meetira 1 irraatti hundeefamee walitti qabamuun hanga nama 10tti eyyamama. Barnoota sadarkaa sadaffaa- barnoota halaalaa(fageenyaa) qofa kenna Bakkeewwan cufaman yookiss hin banamne:- Mudata yookiis taatee (mana keessatti yookis alatti geggeeffamu), bakka daldala wal quunamtii fulla fuulaa kennu(fakkeenyaafi kan akka rifeensa sirreefachuu), fi jimnaastikii.
Kana jechuun bakkeetii Kanaan olitti caqafaman lamaan kessaatti Waraqaa Ragaa Talaallii halla Diimaa keessatti agarsiisuu hin qabdu